WARAQAA ODEEFFANNOO FUDHATTOOTAAFI KENNITOOTAA KUNUUNSAAF HAYYAMA FAYYADAMA ATATTAMAA (EUA) TALAALLII MODERNA DHUKKUBA 2019(COVID-19) ITTISUUFNAMOOTA UMURIIN ISAANII WAGGAA 18 FI ISAA OL TA'ANIIF KENNAMU

Talaalliin Moderna COVID-19 dhibee koroonaa vaayiresii SARS-CoV-2 jedhamuun uumamu ittisuuf isiniif dhihaateera. Waraqaan odeeffannoo kun odeeffannoolee barbaachisoo dhimma Kanaan walqabaturratti akka argattuuf, bu'aafi miidhaasaallee akka addaan baastee bartuuf kan siif kennamedha.

Talaalliin Moderna COVID-19 talaallii akka isin COVID-19 hinqabamneef isin gargaarudha. Hanga ammaatti akka bulchiinsa nyaataafi dawaa U.S tiin talaalliin mirkanaa hin jiru.

Waraqaa odeeffannoo kanaa gadi ikan dhimmoota talaallii MODERNA COVID-19 qabatan kana dubbisi. Yoo gaaffii qabaattee qama Talaallii siif kennu sana gaafachuu dandeessa. Talaallii Moderna COVID-19 fudhachuufi dhiisuun filannoo keeti.

Talaalliin MODERNA COVID-19 jedhamu kun doozii lamaa kan baatii 1 walirraa fagaatuun kennamu ta'ee maashaaleedhaan kan kennamudha .

Talaalliin MODERNA COVID-19 nama hunda dhukkubicharraa hin ittisu.

Waraqaan Odeeffannoo talaallii kanaa yeroo yerootti fooyyeffamuu danda'a. Unka haarawaa kan yeroo yerootti haareffamu daawwachuuf gudunfaa kanaa gadii daawwachuu hindagatiinaa. www.modernatx.com/covid19vaccine-eua.

TALAALLII FUDHACHUUKEESSANII DURA WAAN ISIN BEEKUU QABDAN MAAL MAALFAADHA

COVID-19 MAALIIDHA?

COVID-19n koronaavaayirasii SARS-COV-2 jedhamurraa kan maddudha. Akaakuun koronaavaayirasii akkanaa kana dura argamee hinbeeku. COVID-19 nama dhukkubichaan qabame xuquu yookaan xuxxuquurraa siqaqqabuu mala. Jalaqabarratti qama hargansuukee cufuun yookaan miidhuun akka ati qilleensa nagaa hinbafanne sitaasisa. Namootiin COVID-19n qabaman mallattoolee garaagaraa agarsiisu. Dhukkubichi erga faalamaniin booda guyyaa 2-14 mallattoonsaa namarra bubbuluu danda'a. Dhukkubbii salphaa irraa hamma dhukkubbii akka malee hammaataatti mul'achuu danda'a. Mallattoo dhukkubichaa keessaa muraasni: qama ho'ina, qufaa, addaan ciccituu hafuuraa, dadhabbii, maashaaleen dadhabuufi haqqee akkanaumas dhukkubbii qaamota maraa, mataa dhukkubbii cimaa, foolii urgeeffachuu fi dhandhamuu kamuu namarraa baduu, madaa'uu qoonqoo, kokkee cufuu, amala dhowwuu fi hooqqisiisuu fi kan kana fakkaatanidha.

TALAALLIIN MODERNA COVID-19 MAALIIDHA?

Talaalliin MODERNA COVID-19 talaallii qama ilaallatuun hinmirkanoofne kan tarii COVID-19 namarraa ittisuu danda'udha. Hamma ammaatti talaalliin kun qama dhimma dawwaa qoratu kan FDA-jedhamuun hinmirkanoofnedha. Talaalliin FDAn mirkanaa'ee COVID-19 ittisuuf qophaa'e hanga ammaatti hinjiru.

FDAn Talaallii Moderna COVID-19 jedhamu haala sardaa kana keessaatti kanneen umurii isaanii 18 fi isaa ol jiran tarii akka COVID-19 irraa isaan ittisuuf nafoodhaaf kan eeyyama kennedha. Kun ammo talaallii nafoofi sardaaf eeyyamamedha (EUA)

Waa'ee Heyyama fayyadama hatattamaa **(**"**What is an Emergency Use Authorization (EUA)?**" kanaa dhuma waraqaa odeeffannoo kanaa gubbaatti siif kenname irraa baldhinaan dubbisuuf yaali.

UTUU TALAALLII MODERNA COVID-19 OGEESSA TALAALLII SANA SIIF KENNURRAA HINFUDHATIIN DURA KAN AKKA IBSITUUF GAAFATAMTU KANNEEN AKKAMIITI?
Qaama talaallii siif kennu sanatti haala fayyummaa keessa jirtuu hunda addumaan ammo kan kanaa gadii itti himuu hindagatiin:

- Michii(Alargii) / qabaachuukee
- Dimmachuu maashaale onnee (myocarditis) ykn dhiita'uu fi rifachuun qaama sarara ala onnee (pericarditis) qabachuu
- Ho'ina qaamaa jabaa
- Dhiigdoo hamaafi qallina dhiigaa
- Dawwaa kan annisaa qaamakee miidhaa jiru fudhataa akka jirtu
- Ulfa qabachuukee yookaan ulfaa'uuf karoora qabaachuukee
- Daa'ima harma hoosisaa jiraachuukee
- Talaallii COVID-19 kana dura fudhachuufi dhiisuukee

TALAALLII MODERNA COVID-19 EENYUTU FUDHATA?
FDAn Talaallii atattamaa MODERNA COVID-19 jedhamu kana namoota umuriin isaanii wagga 18 fi isaa ol ta'an qofaaf mirkaneesse.

TALAALLII MODERNA COVID-19 KANA EENYUTU HINFUDHATU?
Yoo mallattooleen kanaa gadii kun sirra jira ta'e talaallii MODERNA COVID-19 hinfudhatiin:

- Talaallii kana duraan fudhattee yoo mallattoo alarjikii hamaa qaamakeerratti mul'ateera ta'e
- Yoo Talaallii Kanaan walfakkaatu kamiinuu fudhattu alarjikii / qabaatteetta ta'e.

TALAALLIIN MODERNA COVID-19 MAAL MAALIRRAA HOJJETAMAN?
Talaalliin COVID-19 walitti dhufinsa asiidotaafi beezota dawwaa kanneen akka ribonucleic acid (mRNA), lipids (SM-102, polyethylene glycol [PEG] 2000 dimyristoyl glycerol [DMG], cholesterol, and 1,2-distearoyl-sn-glycero-3-phosphocholine [DSPC]), tromethamine, tromethamine hydrochloride, acetic acid, sodium acetate trihydrate, and sucrose' jedhamanirraa kan walitti dhufuun hojjetamedha.

TALAALLIIN MODERNA COVID-19 AKKAMIIN NAMAAF KENNAMA?
Talaalliin MODERNA COVID-19 shiringiidhaan qama maashaalee keenyaarraan nuuf kennama.

Talaalliin MODERNA COVID-19 marsaa lamaa kun garaagarummaa baatii tokkootiin kennama.

Talaallii MODERNA COVID-19 al takkaa fudhatteetta yoo taate ammas marsaa lammaffaasaa ji'umasaatti fudhachuutu sirraa eegama. Akka Kanaan dooziin lamaan sun dhugooma.

TALAALLIIN MODERNA COVID-19 KANA DURA FAAYIDAARRA/HOJIIRRA OOLEERA?
Talaalliin MODERNA COVID-19 talaallii hinmirkanoofnedha. Sadarkaa yaaliitti tilmaamaa hanga ammaatti namoota 15,400 kan umuriin isaanii wagga 18 ol ta'antu yoo xiqqaate Talaallii MODERNA COVID-19 al marsaa tokkoffaaf fudhatanii jiran.

TALAALLII MODERNA COVID-19 FUDHACHUUN BU'AANSAA MAALIIDHA?
Akka yaalii ogummaa haga ammaatti taasifamaa jiruutti Talaallii MODERNA COVID-19 kan inni dhukkuba COVID-19 namarraa ittisu yoo doozii lamaan kan marsaa lamaanii fudhatan qofa. Talaalliin kun haga yoomiitti nama tokkorraa dhukkuba kana ittisuu danda'aa kan jedhuuf hanga ammaatti odeeffannoon hin jiru.

BALAAWWAN TALAALLII MODERNA COVID-19 MAAL FAA DHAA?
Talaalliin Moderna COVID-19 caraan fegeenyaan kan rakkina adanyo rakkisaa geessuu danda'u jira. Rakkina adanyo rakkisaan hanga qoricha kan talaallii Moderna COVID-19 erga fudhatame booda yeroo bayyee daqiiqaawwan muraasaa hanga sa'a tokkoo kessatti ni mul'ata. Sababa kanaaf, talaallii fudhachuu

booda dhiheesaan talaallii keessan isin kunuunsuudhaaf iddo talaallii fudhattan akka turtan isin gaafachuu danda'u. Mallattoowwan rakkina adanyo rakkissan kan ittaanuu ofkeessatti qaba:

- Rakkina hargansuu,
- Dhiita'uu fuula fi qoonqoo kessanii,
- Rukutta Onnee saffisaa,
- Qaama keessan hunda irratti shiff jedhee argamuu,
- lafaan martoo fi dadhabbii

Dimmachuu maashaale onnee (Myocarditis) fi dhiita'uu fi rifachuun qaama sarara ala onnee (pericarditis) namoota muraasa warra talaallii Pfizer-BioNTechCOVID-19 fudhatan irratti mullatee ture. Namoota hedduu kana keessaatti, mallattoowwan kun talaallii hanga qoricha lammaffaa talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 fudhachu horddofuutiin guyyoota muraasa keessatti jalaqaba. Carraan aragamuu isaas baayyee xiqqaa dha. Isin erga talaallii Pfizer-BioNTech COVID-19 fudhattan booda mallattoowwan armaan gadii yoo sirratti argaman, hattatamaan kunuunsa wal'aansaa barbaaduu qabdu:

- Dhukkubbii laphee
- Hir'ina argansuu
- Ariitiin arganuun yoo isinitti dhagaa'ame, dha'annaa fi rukuttaa onnee

Dhiibbaa cinaa yaalii kiliniikaa talaallii Moderna COVID-19 kessatti gabaasaman isa ittaanuu ofkeessatti qabu:

- Rakinoota iddo marfee waraannatan: dhibee, abdaraa fi dirmaamuu kan guduunfaa Lymfi irree marfee, dirmaamuu (jabaa), fi diimina
- dhiibbaa cinaa waliigalaa: dadhabbii, dhibee mataa, dhibee maashaalee, dhibee buusaa, qoorroota, locaa fi balaqq, fi gubaa

Yerroo fayyadama talaallii Moderna COVID-19 heyyeme booda dhiibbaan cinaa kan gabaafame kanneen ittaanaan ofkessatti qaba:

- Rakkina adanyo cimaa
- Dimmachuu maashaale onnee (myocarditis)
- Dhiita'uu fi rifachuun qaama sarara ala onnee (pericarditis)

Kunnen talaallii Moderna COVID-19 tiin bu'aawwan geessamu danda'aman hunda ta'uu miti. Bu'aawwan jabaa fi kan hinyaadamin argamuu ni dandaa'aa. Talaalliin Moderna COVID-19 yaaliiwwan kiliniikaa kessatti ammallee qoramaa jira.

DHIMMA MIIDHAA CINAA KANAARRATTI MAAL GOCHUUN QABA?

Yoo alarjikiiN hamaan isaa talaallii sana booda siqabe atattamaan 9-1-1 bilbili yookaan mana waldhaansaa sitti dhiyoo jiran bira dafii dhaqqabii yaalii argadhu.

Buufata talaallii siif kenne sanatti bilbiliiti haala jiran hunda ibsiifiiti gorsa isaanirraa argattu hojiira oolchi.

Yookaan ammo gabaasa miidhaa **Talaallii fudhachuun dhufu Sirna Gabaasa Taatee Talaallii FDA/CDC (VAERS)** jedhamu quunnami. Qaama VAERS -jedhamu kana bilisaan lakkoofsa 1-800-822-7967 bilbili yookaan sarara marsaalee kalalttii marsariitii https://vaers.hhs.gov/reportevent.html Irraa ilaali. "Talaallii MODERNA COVID-19 Vaccine EUA" kan jedhu sarara jalqabaa saanduqa #18 irra unka jiru guuti.

Dabalataanis, dhiibbaa Talaallii MODERNATX, inc 1-866-MODERNA (1-866-663-3762) gabaasa godhi.

Akkasuma **V-safe** akka seentuuf carraan siif kennama. **V-Safe** jechuun applikeeshinii tolaa kan bilbila ammayyaa keenyaarraan argannuufi namoota kana dura Talaallii COVID-19 fudhatanii mallattooleefi muuxannoo biro dabalataa akka argattuuf itti carraa argattudha. **V-safe** n gaaffiilee garaagaraa kan CDC ilaalee dhimma talaallii COVID-19 f itti gargaaramudha. **V-safe** n akkasumas Talaallii marsaa 2ffaa siyaadachiisuuf kan sigargaaru akkasumas namoonni Talaallii sana kana dura fudhatan muuxannoofi mudannoo isaanii kan achirraan ibsanidha. Odeeffannoolee kana hunda argachuuf ammo marsariitii kanaa gadiirratti galmaa'I www.cdc.gov/vsafe.

TALAALLII MODERNA COVID-19 YOON FUDHACHUU DHIISE MAAL TA'A?
Talaallii MODERNA COVID-19 fudhachuufi fudhachuu dhiisuun filannookeeti. Fudhattes fudhachuu baattus galmee fayyummaakeerratti dhiibbaa inni qabu hinjiru.

TALAALLII MODERNA COVID-19 FUDHACHUUN CINATTI KARAALEEN ITTIIN COVID-19 OFIRRAA ITTISAN NIJIRAA?
Yerooa ammaa kanatti qama FDA jedhamuun mirkanaa'ee karaaleen ittiin COVID-19 ofirraa ittisuuf nama gargaaran hinjiran. Haala sardaa yookaan nafoo keessaatti tariiti kan COVID-19 ofirraa ittisuuf talaaliin jiran jiraachuu malu.

TALAALLII MODERNA COVID-19 TALAALLIIWWAN BIROO FAANA FUDHACHUU NAN DANDA'AA?
Hanga ammaatti Talaallii MODERNA COVID-19 Talaalliiwwan biroo faana fudhachuufi dhiisuun balaafi faayidaa qaburratti odeeffannoon lafa kaa'ame hinjiru.

YOO ANI ULFA YOOKAAN HARMAN HOOSISA TA'EWOO?
Yoo ulfa yookaan harma hoosisaa kan jirtu ta'e duraan dursiiti qama talaallii siif kennu yookaan dooktorakee faana marii geggeessi.

TALAALLIIN MODERNA COVID-19 COVID-19 NA QABSIISAA?
Lakki. Talaalliin Moderna COVID-19 SARS-CoV-2 kan COVID-19 nama qabsiisu of keessaa hinqabu kanaaf COVID 19n sin qabsiisu

KAARDII/WARAQAA TALAALLIIKEE OLKAAWWADHU
Yeroo Talaallii Moderna COVID-19 marsaa jalqabaa fudhattu kaardiin siif kennamu jira. Yeroo marsaa 2ffaaff deebitutti waraqaa sana harkatti qabattee dhufuu hindagatiin. Ogeessa Talaallii siif kennutti agarsiisuuf nidirqamta.

ODEEFFANNOO DABALATAA
Yoo gaaffii kan qabdu ta'e, marsariitii kanaa gadii daawwadhu yookaan ammo lakkoofsa bilbilaa siif tarreeffamanitti bilbiluun gaaffii feete gaafadhu.

Waraqaa odeeffannoo haarawaafi kan dhiyeenyaa argachuuf QR Kooddii jedhamu kana suuraa kaafadhuu ittiin seeni.

Marsariitii Talaallii MODERNA COVID-1Moderna COVID-19	**Lakkoofsa Bilbilaa**
www.modernatx.com/covid19vaccine-eua	1-866-MODERNA (1-866-663-3762)

AKKAMITTIIN IRRA CAALAATTI BARADHAA?

- Warra Talaallii sana siif kennan gaafadhu
- Marsariitii kana daawwadhu:https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/index.html.
- FDA Marasariitii kanarraa daawwadhu: https://www.fda.gov/emergency -preparedness- and-response/mcm- legal-regulatory-and-policy-framework/emergency-use-authorization.

- Kutaa Fayyaa mootumma ykn naannoo keessan qunnamaa.

FIRIIN TALAALLIIKOOTII EESSARRA OL NAAF KAAWWAMAA?
Qaamoliin talaallii kana siif kennan kuusaa firii talaallikeeti achuma naannoo ati jiraattu sirna ILS jedhamu keessa siif tursa. Kun kan mirkaneessu yeroo marsaa 2ffaaf talaallii fudhachuuf deebitullee achumarraa kan argattu ta'a. Dhimma ILS barachuu yoo feete Marsariiti kana daawwadhu https://www.cdc.gov/vaccines/programs/iis/about.html.

TALAALLII COVID-19 FUDHACHUU DHAAF KAFALTII BULCHINSAA NA KAFFALSIISUU DANADA'AA?
Lakki. yeroo kanatti, dhiheessichi kafaltii qoricha talaallii isin kaffalsiisuu hin danda'u akkasumas dhiheessichi kaffaltii bulchiinsa talaalli ykn talaallii COVID-19 qofa fudhchuutiin kaffaltii kan biraa kamiyyuu kiisii keessaa isin kaffalissuu hin danda'u. Garuu, dhiheessitoota talaallii sagantaa ykn karoora irraa fudhattoota talaallii (Baraarsaa dhunffaa, Medicare, Medicaid, HRSA COVID-19 Sagantaa baraarsa hin qabne fudhatoota baraarsa hin qabne) kaffaltii bulchiinsa talaallii COVID-19 kan bakka buusu deebii kaffaltii ni barbaadu ta'a.

DHIMMOOTA BURJAAJJII SHAKKAME EESSATTIN GABAASA GODHA?
Namoota ulaagaa sagantaa talaalii CDC COVID-19 jeequmsa ka'uu danda'u kamiyyuuf hubannoo argatan gara Biroo Ajajaa Waligalaa tiif, U.S Tajaajiloota fayyaa fi Namaa (U.S. Department of Health and Human Services), 1-800-HHS-TIPS or TIPS.HHS.GOV irratti akka gabaasan jajjabina kennamaaf.

SAGANTAAN QAAMA SABABA KANAAN MIIDHAME HIRPHUU MAALI?
Qaamni sagantaa dhimma dhukkuba Kanaan walqabataniifi gargaarsa kennu (CICP) jedhamu sagantaa qama federaalaan ijaarame ta'ee kan sababa Talaalliifi kan kana fakkaataniin miidhaafi madoo nama dhaqqabaniif hirphadha. Sagantaan kun kaffaltii baasii namoota akka malee qoricha yookaan dawwaa isaaniif kennamurraan kan ka'e hirphuudhaaf mootummaa biraa kennamudha. Hubadhu! Iyyannoo ati CICP f galchitu dawwaa/Talaallii sana fudhattee wagga tokko keessaatti ta'uu qaba. Waa'ee dhimma CISP kanaa baruuf marsariitii www.hrsa.gov/cicp/yookaan lakkoofsa 1-855-266-2427 kanatti bilbili.

EEYYAMI FAYYADAMA ATATTAMAA(EUA) MAALI?
Biyyi Ameerkaa FDA jalatti talaallii Moderna COVID-19 jedhamu kan sardana/nafoof faayidaarra oolu kan EUA jedhamu tolchite. EUA n labsii Barreessaa olaanaa Fayyaafi Tajaajila Uummataan (HHS) haala baayyee sardaa ta'e keessaatti dawaa bu'aa baayoloojawaa kan yeroo kan akka dhukkuba COVID-19 kanaa as baafamee nama gargaaruuf tumamedha.

Talaalliin MODERNA COVID-19 ulaagaa FDAn barbaaduun kan mirkanaa'e miti. FDAn ulaagaalee ittiin dawwaa tokko mirkaneessu kan mataa ofii kan akka mijatoo mitii; mirkanneeffannoofi kallattiiwwan biro jedhufaa niqaba. Dablataanis FDAn murtiiwwan ragaa bu'aa saaynsii kan oomishni talaallii kanaa fiduu danda'an kallattii garaagaraan erga raga walitti qabatee booda bifaanhamma amansiisuufi namarratti dhiibbaa hinqabaanneen kan mirkaneessudha. Keessumaa yeroo dhimma sardaa kan COVID-19 jedhamu kun addunyaa weeraraa jiru kana keessaatti dhuguma talaalliin kun dhukkubicha ittisuufi dhiisuuf dandeettii niqaba kan jedhu mirkaneeffata. Ulaagaawwan kunneen hundi guutuu yeroo ta'an qofa kan talaalliin MODERNA COVID-19 kun hojiirra oolee mirkaana'u jedhamu.

EVAn MODERNA Talaallii COVID-19 kun yeroo COVID-19 dhimma nafoo/Sardaaf kan EUAn itti amanamee oomisha kennamedha; kunis hanga oomishni alaallii kun bu'a dhabeessa ta'uufi yookaan akka hinfayyadamneef dhorkamutti kan hojiirra jiru ta'a.

Moderna US, Inc.
Cambridge, MA 02139

©2021 ModernaTX, Inc. Mirgi Abbentaa Eegamaa dha.
Abbummaan(s): www.modernatx.com/patents

QR kanaa olitti argitu kana unka maamiltoota kan Talaallii kana fudhataniin bu’aa sirna fayyummaa isaanii ittiin daawwachuuf itti gargaaramanidha. Kanaafuu kana suuraa kaafattee itti qabuun ittiin seenta.

Guyyaan Barcode: 04/2021